# XIINXALA FAYYADAMA DUBBII HAALAWAA ASOOSAMA EELAA JIREENYAA KEESSATTI

BOONTUU ABBABEE JIRAATAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII DURAA (BA)

GUUTTACHUUF QOPHAA’EE MUUMMEE AFAAN

OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA /FINFINNEE

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN

OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

FULBAANA, 2014 /2022

FINFINNEE, OROMIYAA

# XIINXALA FAYYADAMA DUBBII HAALAWAA ASOOSAMA EELAA JIREENYAA KEESSATTI

QORATTUUN; BOONTUU ABBABEE

GORSAAN; BIINIYAAM JAMBAREE

WARAQAA QORANNOO DIGIRII DURAA (BA)

GUUTTACHUUF QOPHAA’EE MUUMMEE AFAAN

OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIHAATE

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE

AFAANOROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014 /2022

FINFINNEE, OROMIYAA

## Galata

Duraan dursee uumaa waa maraa kan jalqabaafi dhuma hinqabne kan bakka hundatti na biraa hin hafne waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuun, jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaan aarsaa gochuun, nan nuffe utuu hinjedhiin gorsaafi sirreeffama barbaachisunaa kennuun kan na wajjin dhama’an gorsaa koo Biiniyaam Jambareetiif galataf kabajan isiniif qabu guddaadha. Akkasumas, maatii koo ganamaf galgala hamilee natti horuun hojiin qorannoo koo kana gahee guddaa taphatan utuu hin galateeffatiin hindarbu. Dhumarrattis, namoota haala garaagaraatiin deeggarsaafi yaada kaka’umsaa isaanii nagumaachan hundaaf galanni koo guddaadha

## *AXERERAA*

*Kaayyoon qorannoon kanaa dubbii haalawaa asoosama''Eelaa jireenyaa'' xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatuudha.*

*.Qorannoo kana milkeessuuf qorattuu kanatti kaka'umsa kan uume; malleen dubbii asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti argaman ifa akka ta'an waan barbaadeef mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun,kitaaba asoosama Eelaa Jireenyaa akkasumas qorannoowwan biroo kanaan walitti dhiyaatan madda ragaa tokkoffaa fi lammaffaa godhachuun argannoon qorannoo kanaatiis dubbiiwwan haalawaa gosoota isaan kan walaloo kana keessatti itti fayyadame kitaabicha keessatti gosoonni malleen dubbii akkasaa, nameessuu, bakkasaa, atee, mallattoo, sobdhugaa, habalaka fi tuqseetti akka itti fayyadamee barameera.*

*Haata'u malee barreessaan walaloo kun mala dubbii osoon itti hin fayyadaman dagatee bira darbe jiraachuusaa bira gahameera.Haaluma kanaan maleen dubbii barreessaan kun dhimma itti baheefi utuu hin fayyadamani darbe akka gadifageenyaan ibsamu ni taasfina.Akkasumaas qorannoo kanaaf guduunfaa fi yaadni furmaata lafa ka'ameera.*

BAAFATA

Qabiyyee Fuula
Galata ..... i

*AXERERAA* ..... ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1 Ariirrata Qorannichaa ..... 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ..... 6

1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa ..... 7

1.3.1 Kaayyoo Gooree ..... 7

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 7

1.6 Daangaa Qorannichaa ..... 7

1.7 Hanqina Qorannichaa ..... 8

1.8 Qindoomina Qorannichaa ..... 8

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ..... 9

2. Sakatta'a Barruu Yaadrimee ..... 9

2.1 Malleen Dubbii ..... 9

2.1.1. Faayidaa Malleen Dubbii ..... 9

2.1.2. Akaakuuwwan malleen dubbii ..... 10

2.1.2.1. Akkasaa ..... 10

2.1.2.2. Nameessuu ..... 11

2.1.2.3. Bakkasaa /Iddeessuu/ ..... 11

2.1.2.4. Agiboo /Habalaka/ ..... 12

2.1.2.5. Arbessuu /Gurguddeessuu/ ..... 12

2.1.2.6. Sobdhugaa /Mitihee/ ..... 12

2.1.2.7. Fakkoommii /Mallattoo/ ..... 13

2.1.2.8. Tuqsee ........................................ 13
2.1.2.9. Atee /Jedhiyaadi/ ........................................ 13
2.2. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ........................................ 14
BOQONNAA SADII; MALA QORANNOO ........................................ 16
3.1. Mala Qorannichaa ........................................ 16
3.1.1. Saxaxa Qorannichaa ........................................ 16
3.1.2. Madda Ragaalee Qorannichaa ........................................ 16
3.1.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee ........................................ 16
3.1.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ........................................ 16
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE........................................ 17
4.1 ODEEFFANNOO QAACCESSUUFI HIIKUU ........................................ 17
4.2 Gosoota Malleen dubbii Asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti argaman ........................................ 18
4.2.1 Akkasaa ........................................ 18
4.2.2 Nameessuuu ........................................ 20
4.2.3 Atee ........................................ 22
4.2.4 Arbeessuu/Gurra guddisa/ ........................................ 23
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ........................................ 24
5.1 Cuunfaa ........................................ 24
5.2 Argannoo ........................................ 24
5.3 Yaada Furmaataa ........................................ 25
Wabiilee ........................................ 26

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Seensa jalatti kan hammataman seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoowwanqorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaafi hanqina qorannichaa fi qindoomina qorannichaa walduraa duubaan dhiyeesseera.

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan barreeffamaa ta’ee erga tajaajiluu eegalee baroonni hedduun lakkaa’amaniiru. Kunis, Afaan Oromootiin barreeffamoonni garaagaraa kan ittiin barreeffamaa jiran keessaa muraasni: walaloowwan, asoosamoota, weeshoowwan (doyiiwwan) adda addaafi kkf barreeffamaniiru. Ogbarruun karaa ittiin dhalli namaa beekumsa, muuxannoojireenyaa, wanta keessoo isaatti dhageettii addaa uume... jiruufi jireenya hawaasaa haala miidhagina qabuun kan ittiin ibsatu hojii kalaqa sammuu dhala namaa kan ta’edha.

Ogbarruun dhalli namaa waa’ee ofii isaa jechootatti gadi xixiqqeesseeibsuun deebisee namoonni akka keessatti of ilaalan waan taasisuudha. Kanumaanwalqabatee, Asafaa (2009:16),“Og-barruun waa’ee ummataa, ummataaf deebisee kan ibsudha” jedha. Akka kanaatti ogbarruun daawwitii jireenyaa hawaasni tokko ittiin keessatti ofilaalu ta’uusaa calaqqisiisa. Kunis, waayee aadaasaa, afaansaa, duudhaasaa, amantaasaa, siyaasaisaa, falaasama isaa, jiruufi jireenya uummata isaafi kkf kan ittiin ibsatudha.

Haalumawalfakkaatuun Zarihuun (2003:3) yaada kana yoo cimsu,"Ogbarruun hojii kalaqaa bifa afoolaafibarreeffamaan mul’atu ta’ee, jechootatti dhimma bahuun waa’een jireenya namaa, namaanqindaa’ee deebi’ee namaaf kan ittiin dhihaatudha,” jechuun barreesseera. Yaada hayyuukanarraa kan hubatamu, og-barruun, ogbarruu afaaniifi og-barruu barreeffamaa jedhamee iddoogurguddaa lamatti akka qoodamuufi dhalli namaas karaalee lamaan kanaan gargaaramee yaadaisaa akka ibsatu agarsiisuusaati.Ogbarruun Oromoo yeroo ammaa kana keessatti guddina saffisiisaa mul’isaa jira.

Kanas kandhugoomsu, gosa ogbarruu keessaa walaloo garaagaraan kan baay’inaan tilmaamamanbarreessitoota Afaan Oromootiin maxxanfamanii hawaasaaf dhihaachaa jiraachuu isaaniiti.Barreessitoonni Oromoos carraa kanatti fayyadamuun Afaan Oromoo afaan

ogbarruubarreeffamaa taasisuuf carraaqaa jiru. Kun ammoo, waayee Oromoo barreeffama kalaqaatiinibsuu bira darbee guddina Afaan Oromootiif illee qooda olaanaa kan qabudha.

. Walumaagalatti, malleen-dubbii  kan hawaasni tokko ergaa barbaadu tokko ittiin ibsatu, hanga gadi fageenya ergichaa karaa itiin walhubachiisudha.

Yaada kana Encyclopedia Americana (1985:195) akkas jedha, “Barreeffamaafi afqunnamtiikeessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta’e kennuu, yaadacimsuu, kan lubbuu hinqabnetti lubbuu horuun yaadni darbu sun akka dinqisii fatamuu fimiidhagu gargaara. Akkasumas, wanti tokko xiyyeeffannoo akka argatu godha.” Akka waraabbiikanaatti, malleen-dubbiitti kan fayyadamu dubbattootaafi barreessitootadha. Kunis, kan dubbatudubbiisaa keessatti, kan barreessu ammoo, barruusaa keessatti fayyadama. Kana jechuun,dubbiin nama sanaa akka miidhaguufi dhama qabaatu gochuuf nigargaarama.

Inni kan biraan Akkuma jireenya jiraannu keessatti wantoota walbira qabaa yookaan dorgomsiisaa oolu asosaan asoosama isaa keessatti wantoota walbira qaba.Kana gochuuf yeroo baay,ee asoosama keessatti walbira qabbiin tooftaa lamaan raawwata. Asoosamni amala dubbii qolaa heddumminaan fayyadamuu qaba. Mallii dubbii dameewwaan ogbarruu warra kan caalaa asoosaamaafi walaloo keessatti dubbiiwwan qolaa addaa addaa fayyadamuudhaan muudannoofi muuxannoo,miira,ilaalchaafi yaadawwan mul'atan arbeessee kanneen hin mul'annee haala qabatamaafi ifa ta'een mulisee miidhagsee dhiyeessuu danda'a. Wanti hin mul'nnee tokko hamma wayyii gahee kan ijaan hin mul'nne akka argamu,akka qaqqabatamu godhee dhiheessuuf walaloon humna guddaa qaba. Yaadawwan addaa adda ta'iiwwan walxaxoo akkasumatti qullaasaanii osoo hin ta'in waan biraa kan isaan hin fakkaanneen haguugamanii, walcinaa qabamanii yookaan bakka buufamanii dhiyaatu.

Garaagarummaa isaan keessatti tokkummaan isaani bifa bahee argama.Arrabaan dhamdhamuu gurraan dhaggeeffachuu, harkaa tuttuquu,ijaan ilaaluurra arga yaadaatiin ilaalamanii hubatamu.Dubbiin qolaa waantoota garaagaraa wal-maddii qabanii madalchisuu, wanti yaadni amalli,dhaggeettiin, gochi,hawwii, namani yookan bineensi tokko irra caalaa akka hubatamuufi gargaari. Mallii dubbii haalawaa oguma keessatti filannoo jechoota waliin walqabatee iddoo guddaa qaba.

Jireenya dhala namaa keessatti odeeffanno, haasan, gadda gammachuu, hawwiifi kkf namoonni yeroo garaagaraatti waljijiiru. Haalawwan kan keessatti dhimma dubbachuu barbaadan kallattiin ibsuu irra wanta biraatiin dubbachuu barbaadan alkallattiin ibsu. Akkataan odeeffannoo haasawaa, gadda, gammachuu fi hawwii haala dubbii barame irraa dabsuun itti dhiyeessan keessa mallii dubii isa tokkodha.Gosoota afoola keessa tokko ta'e barreeffamni tokko yookiin haasofni tokko sammuu dhala namaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin irraafatamin akka turuf kan gargaaruudha.

Yaaduma kana kan deeggaramuun Yaadannoo (2014:83) waa'ee malleen dubbii akkaata armaan gadii kanaan ibsa.

> *Dubbiiwwan qolaa kun yookiin malleen dubbii jedhamuun beekamu.Manguddoonni Oromoo durii afaaniin yookiin barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosamaa,diraamaa, walaloo,hololoo waliin dubbii adda addaa keessatti ijoo dubbii sana haala mi'awaai miira namaa harkisuun yaadan fakkii* sammuu keenya keessatti uumani *kan barbaadan xiqqeessuun,kan tuffachuu barbaadan jajuun kan abaaruun fedhan eebbisuun salphaatti dagatamu akka dagatamuu hindandeenyen hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qolaa yookiin malliin dubbii jedhama jechuun ibeera.*

Malleen dubbii haasawafi barreeffama keessatti akka itti fayyadamnu kan ibsuudha.Kan jechuun manguddoonni haasawa taasisan keessatti malleen dubbiitt akka garaaramaniifi wanti dubbataman sun sammuu namaa keessatti osoohindagatamin akka tajaajilu hubachuun nidanda'ama. Kana biraan, immoo barreefama ammayyaa keessatti malleen dubbii yaadni barreeffma sana dubbistoota biratti akka fudhatamummaafi beekamti arganiif akka tajaajilu hubachuun kan danda'amuudha. Kanaafuu, akka waliigalattii malleen dubbii barreeffamaafi dubbii keessatti bakka olaanaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

Hiika malleen dubbiirratti Isaaq (2003:5) Zarihuun (199:105) wabeeffachuun akkasitti ibsa.

> *Malleen dubbii dhimma tokko kan ibsuuhaala galumsaafihiika jechoota yookiin kan baratamaan irra bifa adda ta'eenyookiin yaada addaafi filatamaan ta'een cimsee kan ibsuudha.Malleen dubbii* kan *uumamu amala, miira, gochaafi haala wajjiiWal-dorgomsiisuun fakkeessuun amala isa tokko kan biroof kennuun yookiin jijjiiruuf bakka buusuudhaani jechuun addeesse.*

Yaadi kanarraa wanti hubatamu malleen dubbiihaala adda keessatti kan itti gargaarmnuufi fiaayidaa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Kunis hiikajechoota barreeffama keessattis ta'ee dubbii keessatti haala duraan beeknu sanarra bifa adda ta'een kan itti gargaaramnu waan ta'eef hiikni jechoota achi keessatti argamani hiika kallattii osoo hintaanee akkaataa malleen dubbii sun hiika itti argachuu qabnanii kan hiikamu waan ta'eef ,malleen dubbii faayidaa adda addaa akka qabu hubachuun danda'ama. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2014:208) haala kanan gadiin ibsa.

> *Malleen dubbii dhimma fayyadma afaanii kan haala salphaata'een ergaa tokko namaa hubachiisanidha.Kan jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko xinneessan, kanimmoo arbeessuun,kanimmoo nammeessan, namaa bineensani wal-cinaa qabaniicinaachaan himaanif wkk taasisuun hubannoof haalaamijeessan jechuun barreessera*

Akka fayyadama afaanii keessatti ergaa waan tokko haala garaagaatiin dabarsuuf kan gargaaran malleen dubbiiti.Kan jechuun wantoota adda addaa waan birootiin wal-bira qabuun wal-dorgomsiisaa. Akkasumas waan amala namaa hin qanbe amala dhala namaa gonfachiisuun ergaa waan dabarsuu barbaane tokko slphaati akka hubatamnuuf kan tajajiilaniidha.Fayyadamni afaan yemmuu jennuu immoo akkaataa adda addaatiin ibsuun ni danda'ama.Haasawan namoota lama gidduuttt taaisfamukeessatti fayyadama afaan bal'inaan mul'achuu nidanda'a.Kunis,haasawa keenya keessatti sagalee gar-malee ol kaasuun,gidduu-galeessatti gad-buusani sagaleessun fayyadama afaan keessa isa tokko.Kun immoo waan tokkoo human ol guddisuun malleen dubbiiti.Kanatti dabalees,amala waan tokkoo gar-malee gadi buusuun xinneessuuis akkasuma waan ta'eef fayyadama afaanii keessatti maleen dubbiiis dhimma bana jechuudha.

Waa'ee malleen dubbii Harry (1972:208) yemmuu ibsuu *'Afigure of speech in whichi the leteral meaning of aword or statements in the opposite of that intend.In literature,it is achnique of indicating interition or alttitude opposed to what is actually stated jechuun barreessera*. Qabxii kanarraa kan hubatamu, malleendubbii barreeffamoota yaad-uumee fi dubbii haasawama tokko amansiisaa taasiisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda'a'uudha. Kan jechuun tajaajilii malleen dubbii barreeeffama keessatti qofa osoo hintaanee waliin dubbii namoonni taasisan keessatti shoora olaanaa taphachuu isaatu hubatama.Kanamalees kan inni tajaajilu afaanii fi umrii sadarkaa kammiyyuu keessatt faayidaa kennuun isaas kan hubatamuudha.

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta’ee ergaa barbaachisaa ta’e haaladubbisaan gadifageessee hubatutti kan dhiheessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaakeessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf itti fayyadama.Haaluma kanaan, barreeffamaasoosamaa keessatti bifa garaagaraan kaa’a.Akkasumas, barreessaan jechoonni hiikadhokataaakka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataauumuun hubannoo dubbistootaahawwata. Xiyyeeffannoon hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama.Jechoonni haala kanaanfayyadanis malleen dubbii jedhamu.

Karaa biraatiin,Warrinnier(1982:352) irratti yoo ibsu ammoo,“It is figuratives when itimmaginative rather than factual’’ jedha. Haaluma kanaan, malleen dubbii fayyadamuunhaala salphaa ta’een ergaa barbaachisaa ta’e barreessaan itti gargaaramuudha.Yaadni kun kan ibsu, dhugummaa yaadaa tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookaan dhaggeeffataa keessatti kan mul’isu ykn kan kaa’uudha.Akkasumas, malleen dubbii fayyadama afaanii keessattigahee olaanaa qaba. Addunyaan (2013:208) yoo ibsu, “Malleen dubbii fayyadama afaani ihaala salphaa ta’een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha. Yaada kanarraa kan hubannu malleen dubbii walaloo keessatti qaama barbaachisaa ta’ee haala salphaa ta’een ergaa kan dabarsuudha’’jedha. Akka yaada barreeffama kanaatti, mala dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda’utti salphisee dhiheessuu danda’uudha.kan jechuun haala namaaf galuun karaa walxaxaa hin taneen kan dabarsuudha.

Malleen asoosama keessatti keessaa asoosamni tokko  ergaa barbaachisaa ta’e haaladubbisaan gadifageessee hubatutti kan dhiheessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaakeessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf itti fayyadama.Haaluma kanaan, barreeffamaasoosamaa keessatti bifa garaagaraan kaa’a. Akkasumas, barreessaan jechoonni hiikadhokataa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa uumuun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoon hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama.Jechoonni haala kanaanfayyadanis malleen dubbii jedhamu.

Malleen dubbii hojjiiwwan ogbarruu keessatti fayyada hedduu kan qabudha.Fayyidan kunis ergaa darburratti waan ta’ee,ergaa sana hubachuuf immoo gadifageenya fi kallattii garaagaraan ilaluun barbaachisaadha. Malleen dubbii fayyadamuun ergaa tokko, dabarsuuf ifa taasisuu gahee jechootni fi jechamooni qaban murteessaadha.Jechamni afoola Oromoo keessa isa

tokkoodha.Haasawaan yookiin dubbii keessatti yaada beekamuudha. Jechamni haasawa mi’eessuuf yookiin bareechuuf gala.

Hiikooleen jechamaatis qaama kan gubbaarratti hiika ifa ta’ee ibsamuu fi qaama keessatti immoo hiika dhoksa ni qabaata.Kanumaan kan walqabate waraqaan qorannoo kun inni irratti xiyyeeffatu xiinaxala dubbii haalawaa asoosama **Eelaa Jireenyaa** ***jedhu*** keessatti argaman kan ilaaluudha.

### 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Qorannoo tokkoo gaggeessuu keessatti ka’umsi iddoo guddaa qaba.Inni kallatti yookiin bu’uura wanta qoratamu sanaa eessa ka’ani garamiitti akka deemisan agarsiisa. Kana jechuun rakkoolee fumaata argachuu qaba jettee qorattuun sammuu keessatti yaadduuf deebii akka argatu kan hubachisuudha

Kun immoo rakkoolee yookiin qaawwa jiru tokko duuchuuf, akkasumas,haaromuuf deeman akan agarsiisudha.Wantoonni qorannoon kun akka adeemsifamuuf qorattuu kakaasan ni jiru.Fakkeenyaaf barreestoonni Oromoo asoosama adda addaa Afaan Oromootiin barreessaniru.

Asoosamni *Eelaa Jireenyaa* isaan kan keessa isaa tokkodha.Haata’uu malee dubbistoonni baay’een yemmuu isaan ergaa asoosama kanaa salphaatti namaaf hin galu jedhan qorattuunis dhageesseetti.Kanumarraa ka’uun, qoraatttuunis itti fayyadama maleen dubbii asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti argaman xiinxaluuf ishee kakaasera.

Gaaffilee bu’uuraa qorannichaa:

Qoraatanis gaaffilee bu’uura kanneen armaan gadii qorannoo isa keessatti deebisuu qophaa’eera.

- Gosoonni malleen dubbii asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti barreessaan asoosamichaa dhimma itti bahe km fa’aa?
- Barreessaan asoosamichaa dubbiiwwan haalawaa kanneen akkaataa barbaachisaa ta’een dhimma itti baheeraa?
- Dubbiiwwan haalawaa barreessaan utuu itti fayyadamuu qabuu dagate kam fa’aa?

### 1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa:Gosota maleen dubbii kitaaba asoosama Eelaa Jireenyaa jedhu keessatti argaman xiinxaluun dhiyeessuudha.

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooree

Kayyoon gooreen qorannoo kanaa:

- Gosoota dubbii haalawaa asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti barreessaan dhimma itti bahe tarreessuun ibsuu
- Dubbiiwwan haalaa kanatti akkaataa barbaachisaa ta’een dhimma itti bahuu barreessichaa addeessuu
- Malleen dubbii asoosamicha keessatti dhimma itti bahaman dubbisaa hawwachuu keeessatti haala itti dhiyaatan ibsuu

### 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Kaayyoon gooree qorannoo kanammoo akka armaan gadiiti.

Barbaachisummaa qorannoo kan kanneen armaan gadiiti

- Namoota Afaaniif ogbarruu oromoo qo'annoo keessatti qabu nidabala.
- Namoota walaloo irratti qorannoo gaggeessaniif haala nimijeessa.
- Guddina Ogbarruu Oromoottiif gumacha niqabata.
- Namoota Afaan biroo baratanii, Afaan Oromoo qo'achuu barbaadanif nigargaara.
- Barreessitoonni Ogbarruu hojiin isaan dubbistoota biratti fudhatama akka argartuuf karaa qabsiisuu nidanda'a.
- Barattoota Afaannii yoo argatani dubbisan itti fayyadama malleen dubbii irratti hubannoo akka dabalatatti gargaaruu nidanda'a.

### 1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti daangeeffame gosoota ogumaa keessaa asoosama Eelaa Jireenyaa irratti yemmuu ta’u,wantoota asoosamicha keessatti argaman keessa ammoo fayyadama dubbiiwwaan haalawaa iratti kan daangeeffameedha.Gama daangaaa asoosama Eelaa

Jireenyaatiin Sababni irratti daangesseef asoosamoota jiran hunda irratti si'a tokko dubbiiwwan haalawaa isaan keessarratti qorannoo taasisuun waan ulfaataa ta'eefidha.

Gama qabiyyeetiin ammoo sababni ogafaan qabiyyee asoosama keessa jiran keessaaa dubbiiwwan haalawaa irratti daangeessineef afoola yookaan ogafaan asoosama kana kan keessa jiran hunda irratti sa'i tokko qorannoo gaggeessuun rakkisaa waan ta'eefidha. Walumaagalatti dubbii haalawaa *asoosama Eelaa Jireenyaa* keessatti argaman qaacceessuu dandeessiitti.

**1.7 Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon tokkoo yemmuu gaggeeffamu hanqinnoonni adda addaa qorattuu muudachuu nidanda'u.qorannoo kana yeroon gaggeesse wantoonni qulqullina qorannoo kanaa hirI'san kitaabilee wabii qubsaa dhabuu, hanqina wayitii yookiin qoranoof kenname gabaabachuudha kitaabileen wabii yoo jennu gama dubbiiwwan haalawwatin kitaabileen baraan, baay'inaan bahan waa'ee dubbiiwwan halawaa irratti waan hin xiyyeeffannef rakkoo guddaa natti uumeera.

Gama biraatiin qorannoo kana yeroo gaggeessa turetti, rakkoolee baay'een kanneen akka meeshalee qorannoof barbaachisan qopheeffachuun rakkoo guddaa natti ta'ullee, rakkoolee kanneen hanga danda'ameen obsaa wantoota barbaachisanii fi yeroo kooti fayyadamuun akka galma gahu taasiseera.

**1.8 Qindoomina Qorannichaa**

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate. Boqonnaan isa duraa keessatti Ariirata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaatu argama. Boqonnaa lama keessatti sakkatta'a barruu, malummaa, faayidaa malleen dubbiifi sakkatta'a qorannoo wal-fakkiitu dhiyaate.

Boqonnaa sadaffaan malleen qorannoo, meeshaalee funaansa odeeffannoo, iddattoo, adeemsaafi mala odeeffaannoon ittiin qaacceffamu of keessatti kan hammateedha.Boqonnaa arfaffaa keessatti seenaa kitaaabichaa, qaaccessa odeeffannoo funaanamaniitu dhiyaate. Boqonnaa dhumaa keessatti immoo, guduunfaa, argannoofi y*aboo* qorannichaatu dhiyaate.Dhumarratti, kitaabiilee wabiilee akka akka maddatti tajaajilattu jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2. Sakatta’a Barruu Yaadrimee

### 2.1 Malleen Dubbii

Namoonni garaagaraa  kitaaba garaagaraa keessatti maalummaa dubbii qolaa Ilaalchisuun akka ibsanitti malleen dubbii ogbarruu barreeffamaa keessatti walquunnamtii namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti godhan keessatti akkasumas afoolawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu keessatti kan argamu ta’ee jechoota gaggabaaboo ta’anitti fayyadamee ergaa bal’aafi hiika dachaa qabaachuun beekkamanidha. Malleen dubbii akka Zarihuun (1992:105) irratti jedhutti yaada tokko ibsa hoo’aafi cimaa qabuun agarsiisuuf hiika jechaa kan idileerraa maqsuun ittifayyadamuudha.Akkasumas amala waan tokkoo kan biraaf kennuun walbira qabuun dorgomsiisuun, walfakkeessuun, bakka waliibuusuun, yaada olkaasaaniifi gadi buusuun karaa ittiin ibsanidha.

Kunis waan barreessaan hubannoo wantoota naannoo isaatti argaman irratti argaman hundaa’ee dhiyeessudha .Bifa, amala, sochii namaafi bineensotaa, akkasumas uumama biro uumamaan, bifaan, amalaan, wal hin fakkaanne walitti fiduun kan uumamudha.

Yaaduma kanaan wal qabatee Misgaanuun (2012:75) irratti *“Sadoommiin wanta lubbuu hin qabne akka lubbuu horatuu, kan dimmise akka ifee muul’atuuf, wanti xiqqoon akka guddatee muul’atuuf kan itti fayyadamanidha*.” jechuun ibseera. Yaada kanarraa wanti hubatamu, wanti lubbuu hin qabne bakka wanta lubbuu qabuu bu’uudhaan akka waan lubbuu qabuutti gocha wanti lubbuu qabu raawwatu raawwachuu akka danda’utti bakka buusuun kan dhimma itti ba’amudha.

#### 2.1.1. Faayidaa Malleen Dubbii

Malli dubbii faayidaa garaagaraa qaba. Malli dubbii yaadota uumeefi kanneen biroo keessatti, akkasumas barreeffamaafi afquunnamtii keessatti faayidaa garaararaa kan qabudha. Isaan keessaa muraasni akka armaan gadii kanatti dhiyaataniiru.

Malleen dubbii amala, gocha, fedhiifi amala namaa yookaan bineensotaa wanta biraa wajjin waldorgomsiisuun, walfakkeessuun,amala isa tokko kan biraatiif kennuuf yookiin jijjiiruuf

,akkasumas wanta tokko kan biraatiin bakka buusuuf kan fayyadudha. Zarihuun (1992:105). Kanarraa kan hubannu malli dubbii amala wantoota garaagaraa wal bira qabuun dhaggeeffataaf yookiin dubbisaaf akka ifa ta'uuf kan gargaarudha.

Haaluma kanaan malli dubbii ergaa yaada tokkoo sammuu keenya keessatti uumuun salphaatti akka nuuf galu taasisa .Malli dubbii tajaajila kana sirriitti qabaachuu kan danda'udha. Akkasumas wantoota naanno keenya jiran jireenya keenya wajjin haala wal qabatan irratti hundoofnee yoo itti fayyadamne caalaatti filatamaa ta'a jechuudha. Kanamalees, malleen dubbii waan nutty himame yookiin dhageenye tokko yaanni isaa akka hin dagatamneef fakkii sammuu keessatti  uumuun kan tursiisudha.

Akkasumas wanti barreessaan yookaan dubbataan nutti himaa jiru tokko xiyyeeffannaa akka argatu taasisa. Faayidaan malleen dubbii kan biroon, barreessaan yookaan dubbataan bifa, gocha, amala, boca, yaada haalaafi miira waan tokkoo hammamiin olkaasee yookiin gadibuusee xiqqeessuun akka itti dhiyeesse kan agarsiisudha. Dabalataanis dubbisaan yookiin dhaggeeffataan cimina yaada barreessaan haala kanaan ibsuu barbaade kan tilmaamudha.

### 2.1.2. Akaakuuwwan malleen dubbii

Malleen dubbii akaakuuwwan ogbarruu sadan: Asoosama,Diraamaafi Walaloo keessatti baay'inaan kan muul'atudha. Akaakuun malleen dubbii yookiin dubbii qolaa akka Fedhasaa (2013:97) irratti ibsutti, *"Dubbiileen qolaa akaakuuwwan hedduu qabu. Isaan keessaa muraasni: Akkasaa, Bakkasaa, Arbeessuu, Namoomsuu, Fakkoomiifi kan kana fakkatan"* jechuun ibse. Akka yaada kanaatti malleen dubbii gosti torba akka jiranidha.Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

#### 2.1.2.1. Akkasaa

Akkasaan wantoota lama kan uumamaan wal hin fakkaanne amala, bifa,haalaafi wantoota biroon wal bira qabanii waldorgomsiisuuf kan itti fayyadamanidha .Akka Fedhasaan Gammachuu (2001:46) wabeeffachuun akka ibsetti, *"Akkasaan wantoota haala uumamaan wal hin fakkaanne amalaan, hojjaan, guddinaafi kan kana fakkaatuun wal madaalchisuun yookiin wal dorgomsiisuunagarsiisuudha.*" Yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu akkasaan wantoota uumamaan tokko hin taane wantoota isaan wal fakkeessu fudhachuun bakka buufnee ittiin ibsuuf

kan nu fayyadudha. *“Akaakuun sadoommii kun wantoota lama gocha, yaada, amala isaaniin wal dorgomsiisuuf kan uumamudha*” Zarihuun (1992:107). haala kanaan ibse.

Kana jechuun amala, gocha, wanta tokkoo fuunee wanta biraan ibsuuf kan oolu jechuudha. Kanaaf jechoota akka, fakkaataa, hammafi kan kan fakkatan fayyadamuun wantoota lamaan sana raawwachuu akka danda’u taasisuudhaan kan itti fayyadamanidha.

**2.1.2.2. Nameessuu**

Gosti mala dubbii kanaa wanta amala namaa hin qabne amala dhalli namaa qabu kennuun akka dhala namaatti want asana hubachiisuufi hojjechiisuun gocha dhalli namaa raawwachuu danda’u akka inni raawwatu gochuudha. Dhimma kana ilaalchisuun Misgaanuun (2012:82) irratti akkana jechuun ibsa.*“Namoomsuun lubbu qabeeyyii yookaan uumama namaan alaatiif amala namummaa kennuun wanti sun akka namaatti akka dubbatu, kolfu, gaddu, gammadu gochuuf kan itti dhimma bahanidha*”.jedha.

Kana jechuun amala bineensa yookiin lubbu qabeeyyii birootiif akka gocha namni raawwatu raawwachuu danda’utti kennuudhaan gocha sana raawwachiisuun kan itti fayyadamanidha.

**2.1.2.3. Bakkasaa /Iddeessuu/**

Bakkasaan wantoota haalaan wal hin fakkaanne wal bira qabuun amala, gocha, bifa, walumaagalatti wantoota inni tokko qabu guutumaa guututti fuudhanii isa biroof kennuun kan uumamudha.Yaada kana ilaalchisuun (Isuma,97) irratti akka ibsutti *“Bakkasaan bakka buusa waan lamaati; akkasumas wanta tokko waan biroon bakka buusuun waanuma sana taasisuudha.Yaanni kun kan inni muul’isu wanti bakka bu’uuf deemu sun wanta amala, gocha, bifafi dandeetti wanta bakka bu’amuu sanaa guutumaatti fudhachuudhaan dhimma irratti bakka bu’e sana sanaaf dhaabbatee hojjeta jechuudha”*.

Yaaduma kanaan kan walsimu Misgaanuu (2012:80) irratti akkana jechuun ibsa, bakkasaan bakka buusa wanta tokkoo kan biraatiif kennuuf tajaajila, amala, bifa, boca namaa, kan bineensaafi lubbu qabeeyyee garaagaraa fuudhee kan biraaf kennuun guddisee suuraa waan odeeffamuu sana namatti agarsiisa.

Akkuma maqaa isaarraa hubatamu bakkasaan bakka buusa wanta tokkooti.Amalafi gocha wanti qabu fuudhee isa biraatiif bakka buusuun suuraan sammuu namaa keessatti akka uumamu taasisa.

**2.1.2.4. Agiboo /Habalaka/**

Gosti mala dubbii kun addaa addummaa wantoota lamaa kan fakkaatuufi dhugaa ta'e gidduutti kan muul'atudha, Fedhasaa (2012:26). Kana jechuun wanti jedhamuuf ka'eefi wanta jedhame gidduutti hiika faallaatu jira jechuudha. Yaaduma kanaan wal qabatee Birhaanuun (2012:26)

*"Another important litrely device is irony. Irony is a technique used when writter says samething but means the opposite*." Agiboon kallattii wanti tokkoittiin ibsamu irraa agiboon karaa faallaan kan ibsamudha. Malli dubbii kanaa kan nu fayyadu barreessaan yaada ibsuu barbaade sana karaa faallaa ta'een itti dhimma ba'a.

**2.1.2.5. Arbessuu /Gurguddeessuu/**

Arbeessuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamuttuu waa'ee wanta tokko fudhachuun waa'ee waan sanaa olkaasuun yookaan guddisuun himuudha.

"*writer may exagrate or over state that fact in piece of writing"*(Isuma,27) yaada kanarraa kan hubatamu barreessaan dhimma dabarsuu barbaade sana hamma wanti sun ga'uun alatti olkaasuun yookaan gaditti gadi buusuun tooftaa ittiiin waantokko ibsuudha.

**2.1.2.6. Sobdhugaa /Mitihee/**

Sobdhugaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee gama tokkoon dhugaa ta'ee, gama biraatiin immoo soba kan ta'eedha. Kana jechuun sobdhugaan himoota lama kan ofkeessaa qabu yoota'u inni tokko dhugaa yoo ta'e, inni kaan immoo soba ta'a jechuudha. *"sobdhugaan irra keessaan waan walfakkeessu fakkaatee yaada dhugaa kan ofkeessaa qabuudha. Akkuma agboo yaada walfaallessu lama ofkeessaa qaba.Irra keessaan yoo ilaalan soba kan fakkaatuufi keessa isaatti immoo dhugaa qabatee kan dhiyaatuudha."*Zarihuun(1999:123) .Akka yaada armaan oliitti sobdhugaan waanta gubbaa irraa soba fakkaatee yoo gadifageenyaan xiinxallee hubanne dhugummaan isaa kan mul'atuudha.

### 2.1.2.7. Fakkoommii /Mallattoo/

Fakkoommiin gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta’ee kan wanti tokko wanta biraa bakka bu’uun abbummaa fudhatuudha. Akka Fedhasaan (2013:99) irratti ibsutti fakkoommiin kan wanti tokko wanta biraa bakka bu’ee mallatteessuun agarsiisuudha. Namni wanta hawwu tokko yaada hiika fuulduraa qabuun olitti yeroo dhimma tokko mallatteessu fakkoommii jedhama jechuun ibseera. Kun kan agarsiisu wanti waantokko bakka bu’e sun utuu waa’ee waan bakka bu’ee sanaa hin ibsin; amala,bifa, gochaafi kkf kan wanti bakka bu’ame sun qabu hunda fakkaachuun akka ofiitti kaasuudha. Fakkeenyaaf waa’ee oromiyaa kaasa yoo ta’e, haadha bakka oromiyaa buusuun haadhaan qabee oromiyaa faarsuu danda’a jechuudha.

### 2.1.2.8. Tuqsee

Tuqseen gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta’ee waan tokko, bakka wayii,namas ta’ee waan biro maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiyeessuuf kan gargaarudha.

Yaada kana deeggaruun Fedhasaan (2012:8) *“Tuqxu-seenaan hojii ogbarruu keessatti waa’ee iddoo, namootaafi gochaa karaa muul’atuun yookiin alkallattiin seenaa wabii godhatee hojii biroo keessatti kan agarsiisudha.”*Jechuun ibseera.

### 2.1.2.9. Atee /Jedhiyaadi/

Ateen waan nu bira hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiyeessuun kan itti gargaaramnudha. Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) Zarihuun (1992:116) wabeeffachuun haala kanaan ibseera.

> *Ateen waan bira hin jirre tokko namas namaan ala kannen ta’an akka waan nubira jiranii nu dhaggeeffachaa jiraniifi deebii nuuf keennuu danda’aniitti fudhachuun, gaaffii gaafachuu, marii wajjin taasisuu, haasofsiisuu, guddisuun yookiin kofalchiisuu irratti hundaa’ee mala dubbii uumamudha*.

Yaada armaan olii kana irraa hubachuun akka danda’amutti, mala dubbii kana keessatti lubbu-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiyyuu kan nutty dhihoo hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dhiyaachuufi haasofsiisuun malli dubbii muul’atu atee ta’uu isaa hubachuun kan danda’anmudha.

## 2.2. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Mata duree sakatta'a qorannoo walfakkii jedhu kana jalatti qorannoowwa namoota biroon qorataman ta'anii kan qorannoo kanaan wal fakkaatan bakka itti sakatta'amanidha. Kanaafuu, qorannoowwan wal fakkii qorannoo kanaan walfakkaatan haala armaan gadiin ibsamaniiru.

Isaaq Bariisoo qorannoo isaa (2003) mata-duree "*Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee kumaatamaa*jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha.

Ahmad Mohammeed qorannoo isaa (2012) mata-duree "*Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo "A''AA!" jedhu irratti kan xiyyeeffateedha*. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoo kana waliin dhimma mala dubbiin walqabatuufi haala qaaccessasaa irratti kan walfakkaatudha.

Ibsaa Addunyaa qorannoo isaa (2016) mata-duree "*Qaaccessa itti fayyadama malleen dubbii walaloo Anaa'iyaa keessatti "* kan gaggeeffameedha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammataa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoon isaa kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu akaakuu malleen dubbii, hiika isaanii tarreessuun fakkeenya waliin dhiheessuusaati

Sinqinash Alamuu (2019) mata-duree "*Qaaccessa Malleen dubbiifi Suuressuu Walaloo Obonboleettii keessatti*" Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammataa guuttachuuf kan geggeeffame yoota'u, qorannoon ishee kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu akaakuu malleen dubbii hiiika isaanii wajjin tarreessuun fakkeenya waliin dhiyeessuu isaati.

Dinqee Galataa (2019) mata-duree *"Xiinxala Sadoommii Asoosama Dheeraa Arraa Gurbaa*" Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoon ishee kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu waa'ee malleen dubbii irratti ibsa bal'aa kaa'uun dhiyeessuu isheetidha.

Haaluma kanaan garaagarummaan qorannoowwan kanneeniifi qorannoo kanaa akka armaan gadii kanatti bifa gabaabbina qabuun dhiyaate jira.

- Qorannoowwa armaan olii sakatta'a itti fayyadama malleen dubbii irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qorannoon kun immoo qaaccessa malleen dubbii kitaaba filatamee keessatti kan adeemsifamedha.
- Qorannoon armaan olii waa'ee malleen dubbii kitaaba Asoosama keessatti kan ilaalan yoo ta'u, qarannoon kunis immoo kitaaba asoosama Eela Jireenyaa filatamee keessatti mala dubbii barreessaan itti gargaarame kan qaaccessudha.
- Qorannoon armaanolii mala dubbiifi suuressuu kitaaba walaloo heerame keessatti kan qaaccessu yoo ta'u, qorannoon kun immoo qaaccessa mala dubbii irratti kan xiyyeeffatedha.

Haaluma kanaan qorannoon kun qorannoowwan armaan oliitti heeraman kana irraa garaagarummaa niqabaata.

# BOQONNAA SADII; MALA QORANNOO

## 3.1. Mala Qorannichaa

### 3.1.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannaan kun sababa yaadrimee haaraa gosa malleen dubbii asosama barreeffamaa kana keessa jiru qaaccessuun addaan baasee agarsiisuf kaayyoo irratti hundaa'uun qorannoo bu'uuraa jalatti ramadama. Bifa inni dhiyaatuun qorannoon kun waa'ee qaaccessa malleen dubbii asoosama kanaa kanaa waan ibsuuf qorannoo ibsituu jalatti ramadama.

Madda raga isaa irraa odeeffannoo yaadrimeen funaanuun raga argates qaaccessee yaadrimeen waan dhiyeessuuf akaakuu ragaaleefi tooftaa ragaalee ittiin funaanu irratti hundaa'uun qorannoo yaadrimeetti dhimma baha. Kanumarraa ka'uudhaan qorattuun kunis, qorannoo kana hojjetee xumuruuf malawwan kanatti dhimma baati.Akaakuu malleen dubbii kitaabicha keessaa baasuun erga tarreesseen booda, akaakuuwwan mallen dubbii gosa gosa isaaniitiin qooduun tokko tokkoon kutaa qaaccessa ragaalee keessatti qaaccessuun qorannicha geggeessite.

### 3.1.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorataan madda ragaalee qorannichaa gaggeessuuf itti fayyadame kitaaba "asoosama Eelaa Jireenyaa"jedhudha. Dabalataannis kitaabileefi qorannoowwan waa'ee malleen dubbii irratti kanaan dura barreeffamaniifi hojjitaman irrattidha.

### 3.1.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee

Qorataan qorannoo kana gaggeessuufi argannoo irra ga'uuf meeshaan funaansa ragaa sakatta'insa kitaabilee,qorannoo biroofi kitaaba asoosama "Eelaa Jireenyaa"jedhuuti.

### 3.1.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Tooftaan xiinxala ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisaa ta'e, xiinxala yaadrimee /akkamtaadha. sababni isaas xiinxalli qorannoo kanaa lakkoofsaan osoo hin taane yaadirimeedha.kanaaf waa'ee malleen dubbii kitaaba asoosama kanaa haala kanaan kan xiinxalamudha

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1 ODEEFFANNOO QAACCESSUUFI HIIKUU

Asoosamni Eelaa Jireenyaa dubbiiwwan haalawaa yookkiin dubbii qolaa gosoota baay'ee ofkeessaa qaba.Isaanis kanneen akka akkasaa,nameessaa,arbeessoo,bakkasaa/iddeessaafi kan akana fakkaataniidha.

Asoosamicha keessatti asoosichi dubbii haalawaa utuu itti fayyadamuu qabuu, dagate kam fa'aadha jedhamanii kan gaafatamanaiif asoosaan kun kitaaba kana keessatti dubbiiwwan haalaa/malleen dubbii baay'ee fayyadameera. Fakkeenyaaf kan akka akkasaa, nameessa, arbeessa, ate fi bakkasaa haalaan itti kan fayyadame yoo ta'eyysamuu kanneen utuu ittin fayyadamin darbes niqaba.Isaanis kan akka habalakaa,anyaarseefi kan kanafakkatanitti utuu dhimma hin ba'in hafeera.

Malleen dubbiitti asoosamicha keessattii fayyadamaman sammuu dubbisaa keessatti suuraa uumuun ofitti harkisuun haala nama hawwachuu danda'aniin dhiyaachuu isaatiin walqabatee,gaaffii gaafatameef deebiin argamemalleen dubbii asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti haala sammuu dubbisaa keessatti suuraa kaasuu danda'aniin dhiyaataniiru.Fakkeenyaaf akkasaa ilaalchisee aadde Warqituun nama akkamii akka fakkaattu ibsuuf gaafa fayyadamu,

Allaattii akka bubbee

Laboobduu akka qaanqee

Gurraattii akka sunsumaa

Haphii akka migiraa

Daaktuu akka raachaa … fuula,14)

Aadde Warqituun anama akkamii akka taateefi maal akka fakkaattu sammuu dubbisaa keessatti haala nama hawwatuufi suuraa uumuu danda'uun fayyadameera. Akkasumas malleen dubbii keessaa nameessaatti fayyadamuun haala nama hawwachuu danda'uun dhiyeesseera.

Doddotni gaaddisa diriirsitee

Ejersi foolii urgeeffattee

Margi lalisni bilbil jettee

Bosonuun kichuu kukkuttee … fuula ,18)

Wantoota kanneen amala namaa kennuufiidhaan ofitti fakkeessuun haalaafi akkaataa isaan anama hawwataniin haala sammuu dubbisaa keessatti suuraa kaasuu danda'aniin dhimma itti baheera.

### 4.2 Gosoota Malleen dubbii Asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti argaman

Barreessaan asoosama Eekaa Jireenyaa yeroo barreessu, malleen /dubbii haalawaa/ dubbii addaa addaa fayyadamee kan barreesseedha. Dubbiiwwan haalawaa kunniinis akkasaa, bakkasaa, nameessaa, arbeessuu, ate, bakkasaafi kan kanafakkattaniidha.

#### 4.2.1 Akkasaa

Akkasaan gosa malleendubbii/haalawaa/ keessaa tokko ta'ee,jechoota akkaafi fakkaata jedhanitti dhimma bahee waalama walbira qabee,kan waliin madaaluudha .Wantoonni walbira qabaman kunneen adda addaa ta'anii garaagarummaa isaanii irra tokkummaa isaaaniitiin kan ittiin calaqqisiifamaniidha.Haala kanaan barreessaan asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti haadha manaa obbo kormee kan taate aadde Warqituun nama akkamiifi maal akka fakkaattu yammuu ibsu dubbii haalawaa akkasiitti fayyadamuudhaani.Kunis,

Allaattii akka bubbee

Laboobduu akka qaanqee

Gurraattii akka sunsumaa

Haphii akka migiraa

Daaktuu akka raachaa …Fuula 14

Akka ragaan armaan olii kun ibsutti,aadde Warqituun nama iddoo tokko hin teeny,kan akkuma bubbeefi qilleensaa gandarra deemtuufi nama dubbiin ishee,amalli ishee lola baay'ee qabdu taatee,bifti ishee ammo gurraattii qal'oo qaamaan haphii akka migiraa kan taate ta'uu ishee nutti agarsiisa. Karaa biraatiin aadde Warqituufi wantoota kanneen (bubbee, qaanqeee, sunsuma, migiraafi raacha) walbira qabuun waliin madaaluuWarqituun nama akkamii akka taate, wantoota kanatti fakkeessuun nutti ibseera.

Olkaasee nafiigsa akkuma allaattii

Ittiyyuun ulfaanne akkuma baalati( fuula,55)

Akka raga kanaatti barreessaan dubbii haalawaa kana kan fayyadameef wal dhabbii yaadaa hiriyoota sadan(Burqaa,BefiqaaduufiLammii) isaan agarsiisuuf yammuu ta’u,isaan keessaa akkana jedhee ofitti kan asaasee,walaleessee,sammuu isaa waliin kan wallole wal mormii ofii isaa ifate Lammiidha.

Kana malees,barreessaan asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti dubbii haalawaa akkasaa akkanatti itti fayyadameera.

Gurbaa dheeraa akka leeshaa

Daddaaqaa akka baargamoo qilleensi raasuu

Funyaan isaa sorooroo akka shimalaa

Suuta deemaa akka qocaa

Gowwaa akka saawwaa

Akka odeeffannoo kanaattii barreessaan asoosama Eelaa Jireenyaa kun gurbaa maqaan isaa Tiiffisoo jedh amuu maal akka fakkaatu ibsuuf kan fayyadame yoo ta’u,innis nama dheeraa yemmuu deemu, suuta jedhee akka qocaafi funyaan isaa qajeelaa ta’ee nama hin yaanneefi kan akka muka qilleensi raasuutti daddaaqaa deemu ta’uu isaa ibsuuf dhimma itti baheera.

Haaluma kanaan barreessichi kun malleen dubbii akkasitti fayyadamuun waa’ee intala oromiyaa kan maqaan ishee,Caalii jedhamtuu ibsuuf dhimma itti baheera.

Daraartuu akka ilillii birraa

Goobantuu akka ji’aa

Biliqqee akka kirrii mormaa

Walqixxaattuu akka goofaree dhiiraa

Calliftuu akka ilmoo firaa… fuula,37

Akka raga odeeff annoo kanaatti barreessaan asoosama Eelaa Jireenyaa waa'ee bareedina Caaliifi ulfina isheen namaaf gootu akkasumas,ofiif qabdu dabalatee, qaamni ishee baay'aa walqixxaataa kan ta'e,ta'uu ishee ibsuuf itti fayyadameera.

#### 4.2.2 Nameessuuu

Nameessuun waanta amala namaa hinqabne amala namaa qabaachisuun akka waan namaatti yaadu,sooratu,dubbatuufi kan kanafakkaatu taasisanii itti fayyadamuudha.Haaluma kanaan asoosama Eelaa Jireenyaa keessatti iddoowwan baa'eetti barreessaan dhimma itti baheera.Fakkeenyaaf:

Doddotni gaaddisa diriirfatee

Ejersi foolii urgeeffatee

Margi lalasni bibil jettee

Bosonuunis kichuu kukkuttee

…fuula 8

Akka odeeffannoo olii kanatti barreessaan mala dubbii kanatti kan fayyadameef,waa'ee bareedina uumamaa ibsuudha.Haaluma kanaan kan biraas akka armaan gadii kanatti dhimma baheera.

Laaftoo gaaddisa ishee diriirsitee

Odaa jaarsota ishee ofjala naqxee

Akka odeeffannoo kanaatti,dhuguma mukni kana kan godhu osoo hintaanee,amala ilama namaa mukkeen kanatti qabuun kan fayyadameedha.

Akkasumas jagnummaafi obsa qabaachuu garbuu ibsfuuf akka armaan gadiitti fayyadameera.

Garbuun daraaree daraaree

Goota dur goofaree filatee

Mudhiitti zinnara naqatee

Qawwee isaa baadhatee

Qabsoo Oromoof hirriba dhabee

Dadhabbii qaama isaa rasaasaan jabeeffatee

Bosona keessa asiif achi socho'u fakkeessee

Fiixee irratti firii adaadii diriirsee

Mudhiitti baala magariisa rarraasee

Gidduutti jilba isaa rasaasa fakkeessee

Saba isaaf qabsaa'ee bookkise…fuula,43

Akka raga armaan olitti garbuun amala namaa qabatee hojii ilmi namaa raawwatu,sochii ilmi namaa godhu fakkaatee mul'atullee,dhuguma garbuun goofaree filatee,qawwee qabatee,qabsoo saba isaaf irriba dhabee,osoo hintaanee,garbuuttii fakkeessuun gocha ilma namaa agarsiisuuf obsa goota oromoo agarsiisuuf akkasumas jagnummaa keessa isaa jiru tokko calaqqisiisuuf barreessaan dhimma itti baheera.

Kana malees,barreessaan asoosama kanaa aariif haaloo gocha gara jabummaa namfakkii Burqaa mudate garbuutti fakkeessuun waan garbuun afaan isaatiin dubbatee, dhaadatee,lammii isaatiif onnatee ka'e taasisee dhimma itti baheera.

Bubbee,aduun,sinaarri natt qoostus

Naquucartus narra kufti

Abdii abdii ni mo'amti

Seenaan isaan narratti barreessanis ni gubatti

Anis akka lolaa dhangala'een addunyaa uwwisa

Laliseen bona dagaageen ardii fuudha.

Mirgi koos naaf kabajama

Afaan koonis nan dubbadha

Eboo kootiinis nan waraana

Eeboo qalamaa,eeboo eeboo caalu

Kanaafan obsa godha.kanaafan jabaadha…fuula44

Akka raga odeeffannoo kanaatti yeroo Burqaan lafa garbuu uwwisee jiru cina  taa'ee,Caalii wajjin haasa'uttigarbuun miidhaafi cunqursaa bubbee ,aduufi sinaarri irraan ga'an Burqaatti waan himatee lammii isaaf qabsaa'ee ofitti hasaasee dhaadatu fakkaata.

Garuu garbuun waan afaaniin dubbatu osoo hinbtaanee,barreessaan asoosamichaa cunqursaa sirnoota darban keessa  uummata irra gahaa turan aduu,bubbeefi sinaarri  akka nama cunqursaa sana lamii irratti raawwateetti,malleen dubbii keessaa nameessuutti fayyadamuun garbuu akka abbaa dhiimmaa irratti raawwatamee gochuudhaan akka waan lammiitti dhaamsa dabarfatee fakkeessee,dhimma itti bahe.

**4.2.3 Atee**

Ateen waan nama hintaane akka anamaatti itti dubbachuu,itti haasa'uufi yaada irraa barbaaduufi kan kanafakkaataniidha.Akkasumas nama lubbuun hinjirretti akka waan dhaga'uutti itti dubbachuudha. Haaluma  kanaan barreessaan asoosama Eelaa Jireenyaas malleen dubbii kana asoosama kana keessaa idoo garagaraatti dhimma itti baheera.Fakkeenyaaf barreessan asoosama kanaa wal mormiifi walitti dhaadannoo ilmanaa keessaajiru

Biqiloota kanneen akka garbuufi aramaatti fakkeessuun mala dubbii ate kanatti dhimma baheera.

Ati duwwaa dheeratta

Ati galabaa qofa

Ati nyaataafuu hin ooltu

Eenyu sihin filatu,si tuffatu

Galabaa qofa jedhanii sifacaasu

Harkaan sifidanii ana bira sifacaasu

Hin booni…fuula 43

Akka ragaa kanaatti barreessaan kun waan nama hintaanetti akka waan lubbuu qabaatee dhaga'uutti  dubbachuun mala dubbii kanatti fayyadameera.

#### 4.2.4 Arbeessuu/Gurra guddisa/

Arbeeessuun waan tokko hanga inni ga'u caalaa guddisanii dhugaa jiru tokko ho'isanii hanga wanti sun ga'urra olkaasanii ija sammuutiin akka ilaalamuu danda'utti dhiyeessuudha.

Haaluma kanaan barreesaan asoosama kanaas asoosama kana keessatti kan itti fayyadame haa ilaallu,

Koola afarsitee qilleensarra bararti

Boochee sinbira mukarraa harcaafti…Fuula 42

Akka ragaa odeeffannoo kanaatti Caaliin yeroo biyya Arabaa deemte jireenya ishee keessatti kan argitee hinbeekne arggite ibsuuf rakkoofi hadhaa jireenya keessatti ishee mudatan agarsiisuuf itti fayya dameera.

#### 4.2.5 Bakkasaa

Bakkasaan gosa malleen dubbii keessaa tokko ta'ee kan wanta tokko bakka kan biro buusuudhaan itti fayyadamaniidha. Kuns wanta dhugaa hintaane tokko akka dhuguma gochuu danda'uutti bakka buusuudhaan kan itti fayyadamaniidha.Fakkeenyaaf Caaltuun waan isheen taateefi sochii isheen yaadaafi qalbii isheetti gootu akka kanatti dhimma itti baheera.

Allaattii taati

Muka korti nibuuti

Akka raga kanaatti Caaliin dararamtee kan isheen taate ibsuuf mala dubbii kanatti barreessaan dhimma baheera. Kana keessatti bakka kan wal bu'e Caaliidhaafi allaattiidha. Muka koranii bu'uun bakka alaattii bu'ee kan buute Caalii waantaateef malleen dubbii keessaa bakkasaa jechuu dandeenya.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

### 5.1 Cuunfaa

Kaayyoon qorannaa kanaa malleen dubbii /dubbii haalawaa/ asoosama *Eelaa Jireenyaa* qaaccessuudha.Qorannoo kana keessatti yaadrimee og afaaniifi malleen dubbii ilaalchisee barruuleen walitti dhufeenya qabaniifi waraqaaleen qorannoo addaa addaa akkasuma kitaabileen sakatta'amaniiru.

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf malli qorannoo dhimma itti bahame mala qorannoo qulqulleeffataati.Maddi raga qorannoo kanaa madda raga tokkoffaafi odeeffannoo afgaaffiin namoota kitaaba asoosama Eelaa jireenyaa dubbisanii jiraniif diyaate irraa funaanameedha.

Meeshaaleen funaansa raga qorannoo akana keessatti dhimma itti bahame af gaaffiifi sakattaa barruuti. Kanaan odeeffannoon dhimmoota kanaan walitti qabamanis qaacceffamaniiru**.**

### 5.2 Argannoo

Qorattuun kun qorannoo kana ergaa xumurteen booda bu'aa qorannoo isheetiin arannoowwan kanaa gadii argatteetti.

- ✓ Asoosamni Eelaa Jiireenyaa malleen dubbii baay'eetti fayyadamuun barreessaan asoosama kanaa kan dhimma itti ba'e ta'uu isaa bira ga'ameera.Dubbiiwwan haalawaa/malleen dubbii/ kanneen akka akkasaa, namessuu, bakkasaa, atee, arbeessuu, kan kanafakkaatan yammuu ta'an kanneen biraa kan dagatellee nijira. Fakkeenyaaf, kan akka habalakaa, sob dhugaa fa'aan dagatamuun isaanii bira ga'ameera.
- ✓ Asoosamicha keessatti asoosichi malleen dubbii osoo itti fayyadamuu qabuu dagate qabaachuun isaa argatameera.
- ✓ Malleen dubbii/dubbii haalawaa/ asoosamicha keessatti dhimma itti Bahaman sammuu dubbisaa keessatti suuraa uumuun haala ofitti nama hawwachuu danda'aniin dhiyaachuun isaanii bira ga'ameera.

## 5.3 Yaada Furmaataa

- Argannoowwan qorannoo kanaa irraa ka'uun yaadni furmaataa akka armaangadiitti dhiyaateera.
- Barreessitoonni asoosanma biroo yeroo dubbii haalawaa fayyadaman akka barreessaa kanaatti dubbiiwwan haalawaa osoo itti fayyadamanuu dhiisan yaadatanii utuu dhimma itti bahanii gaariidha.
- Barreessitoonni yeroo asoosama tokko qopheessan asoosamicha keessatti dubbii haalawaatti fayyadamuun sammuu dubbisaa keessatti haala hafuun utuu kalaquun gara fuulduraatti kan itti yaadamu ta'ee gaariidha.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa.( 2011). Akkamtaa :Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee, Oromiyaa

_______________ . (2014). Semmoo : Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo. Finfinnee : Dhaabbata maxxansaa Far East Trading PLC.

Abarraa.(1995) .Afoola.wiirtuu Jildii 7ffaa. Finfinnee: Mana maxxansaa Artistic.

Baqqalaa Letaa. (2006). Eelaa Jiireenyaa. Finfinnee: Subii.

Encyclopidia of America.(1985). volume 11 university of chicango press.

Gaaddisaa.B.fi Mitikkuu. D. (1991) .Wiirtuu Jildii 7ffaa. Finfinnee:Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa

Geetaachoo Rabbirraa (2008). Furtuu ; Afaan Oromoo. Finfinnee: Kuraz Internatinal puplishing Enter prise.

Geoges fi Owen .(1995). Oromo Wisdom Litrature. Addis Ababa:Centeral Printing Press.

Isaaq Bariisoo. (2003). "Sakatta‟a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubefi Kumee Kumaatamaa". Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kanhinmaxxanfamne)

Misgaanuu Gulummaa. (2008). Dilbii. Afoola Oromoo. Finfinnee: Subii.

Tafarii Nugusee. (2008). Bantuu Haaraa. Finfinnee: Emey priters.

Wasanee Bashaa. (2001). Qorii Hambaa.Finfinnee: Mega printing press.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallttoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojiikoo ta’uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa**.**

Maqaa Qorattuu:------------------------------------------------------------

Mallattoo-----------------------------------

Guyyaa-------------------------------------

Maqaa Gorsaa---------------------------------------------------------------

Mallattoo------------------------------------

Guyyaa--------------------------------------